# Hanga ani isin dhiisetti na dhiisaa, warra isin dura darban wanti balleesse, gaaffii isaanii fi Anbiyoota isaanii irratti wal dhabuu isaaniti

Abuu Hureyraa irraa odeeffame, Rabbiin irraa haa jaallatu, Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkas jedhan: «Hanga ani isin dhiisetti na dhiisaa, warra isin dura darban wanti balleesse, gaaffii isaanii fi Anbiyoota isaanii irratti wal dhabuu isaaniti, Kanaaf yeroon ani waan tokko irraa isin dhoorge irraa fagaadhaa, yeroon ani waan tokkotti isin ajaje waan irraa dandeessan hojjedhaa».
[sirrii] [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- murtiin shari'aa bakka sadiitti akka qoodamu ibsan: waan irraa callifame, wantoota irraa dhoorgaan godhamee fi waan itti ajajame. Kan jalqabaa immoo: waan Shari’aan irraa callise: murtiin itti hin dhufne, Bu'urri wantoota keessatti dirqamni jiraachuu dhabuudha; Yeroo Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- jiran keessatti wanta hin argamin irraa gaafachuu dhiisuun dirqama ta'a; sababni isaas dirqamni ykn dhoorgaan itti bu'uu sodaaf jecha, Rabbiin gabroota isaatif rahmata godhuuf waan dhiisef jecha. Du'a isaanii booda ammoo -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- gaaffiin bifa fatwaatiin ykn dhimma amantii ilaalchisee waan isa barbaachisu bifa barnootatiin yoo ta'e inni eeyyamamaadha dabrees itti ajajamaadha. Yoo bifa mata jabinaafi dhiibbaatiin ta’e, inni isa hadiisa kana keessatti irraa gaafachuu dhiisutti ajajni godhameedha; sababni isaas fakkaataa waan ummata banii Israa’el mudatetti geessuun isaa waan maluuf jecha, Yeroo sa'aa (Horii) akka qalan ajajaman osoo horii kamiyyuu qalanii ajajni irraa bu'a ture, garuu isaan ofirratti jabeessinaan irratti jabeeffame. Lammaffaan: Dhoorgaalee; isheenis: waan namni dalaguu dhiise mindaa itti argatu, kan namni dalage ammoo itti adabamuudha, kanaafuu hunda ishee irraa fagaachuun dirqama ta'a. Sadaffaan: Ajajoota; Innis waan namni isa hojjate itti mindeeffamu, kan dhiise immoo itt adabamu dha, kanaafuu hamma danda’ametti ajajoota raawwachuun dirqama ta'a.